


## BULCHIINSA BARNOOTAA FI DAA'IMAA

05/09/2019



# DENACODE NUDDIS

## Kitaaba caqasaa Eegdotaaf

### Nuddis maali dha?

Nuddis sirna lakqurxaawaa too'annoo hirmaanna  
manneen barumsaa sadarkaa tokkoffaadhaa gadii  
Magaalaa Bollnäs keessa jiraniif. Faayidaan sirna  
lakqurxaawaa too'annoo hirmaanna kanaa, ramaddii  
bulchiinsaa fi hirmaanna daa'immanii gargaaruu fi  
mirkaneessuudha.

Karaa hojjettoota Nuddis, bira gahiinsa odeeffannoo  
karoora hojii mijeessuu ni argatu. odeeffannoo  
hirmaanna ifa ta'e ijoolloedhaa, yeroo seensaa fi  
bahiinsaa, daa'imman meeqa akka nyaata mana barumsaa  
jalqabaatti nyaatan, fi kkf. argamuu danda'u. Hojiwwan  
hangaa danda'ameeti karoorsuuf akkasumas raawwachuuuf,  
hojjettooni sagantaa daa'imma keessanii yeroo gaarii  
keessatti argachuu qaba.

Nuddis app smartphoneti((iPhone fi Android) akkasumas,  
akka ipads irrattis tajaajiiluu kan danda'u dha. Akka  
Eegduu seeratti jijiiramni ati gootu, hojjettoota mana  
barumsaa jalqabaatif battalumatti haaromsamaaf. Tiraafikiin sirnicha keessa jiru kan  
icciita'ee fi eegumsa sadarkaa olaanaa kan qabuudha. Nuddis salphaa akka ta'uu fi  
fayyadamaatti akka tolu ta'ee dizaayinii godhame. Kitaabni caqasaa kun ibsa waliigalaa  
dalagawwaan sirnichaa fi akkaataa Nuddis fayyadamuu jalqabuu dandeessu kan dhiyyeessu  
dha.

Jalqabaa fi dhuma guyyaa irratti



Galmeen yeroo seensaa fi bahiinsa daa'ima keetii, seensisuf/baasuf hojjettoota Nuddisin suuraa daa'ima, iPad irratti "tuquudhan" raawwatama. Seenuu/bahuu isaanii suura tuquun mirkanneessuun kan dalagamu si fi daa'immaa keessan waliin akkasumaas hojjettoota galmeessuuf ittigaafatatummaagalmee adeemsifamaa jiru kanaas kan qaban waliini.

## Odeeffannoo baay'ee barbaachisaa Nuddis keessaa

Oddeeffannoonaan waa'ee daa'ima keessanii fi eegaa *Skolplatsen* galmee barataa Magalaadhan bulfamu irraa battalumatti galfama. Kanaaf Nuddis odeeffannoo haaraa kan qabaatu fi akkasumas ati dirqama *Skolplatsen* odeeffannoo galchuu qabda.. Ati ittifufiinsa odeeffannoonaan kun haaroomuu isaa mirkanneessuuf ittigaafatatummaa qabda.. Ati *Skolplatsen* argachuu dandeessa karaa URL: <https://bollnas.skolplatsen.se>.

Murtaa'aa, odeeffannoo barbaachisoo , kan akka adanyoo, akka Eegdutti si waliin mari'achuun hojjettoota Nuddisiin ni waraabaman. .

## App Nuddis

Sagantaa guyyaa daa'ima keessanii kan guyyaa sanaa galchuu fi odeeffannoo hojjetootni guyyaa sanaaf beekuu qabanii fi barbaachisuu erguuf App Nuddis fayyadamuu dandeessa .

App'n iOS (iPhone yookiin iPad) kuusaa App keessa kan jiru dha. App'n aandirooyiidii Google Play keessa jira.



## Keessa seenuu

Akka eegattti, app Nuddis keessa kan seentu karaa BankID kee fi odeeffannoo waa'ee daa'ima kee qofa ilaaluu dandeessa. Ati yeroo maqaa herreega kee akka barreessitu gafatamtu yeroo ati keessa seentu, ati kan seentu: **bollnas** ni dha. Ati yoo carraa filannoo BankID fayyadamuu hin qabdu ta'e, hojjettoota mana barnootaa duraa qunnamuuf gargaarsa argachuu dnadeessa.

## Nuddis karaa iPhone/iPad fayyadamuu

Yoo Andriod app fayyadamta ta'e, kutaa itti aanu seeni.

Yeroo iOS app seentu akka eegatti, caancalawwan shan kan argitu ta'a: *Sagantaa, Ibsa gabaabduu, Sadarkaa Barootaa koo fi Gargaarsa*.

**SAGANTAA**

Cuunfaan odeeffannoo jalqabaa waa'ee daa'ima keetii asitti agarsiifame jira. Sagantaa jijjiiruuf yookiin ilaaluuf daa'ima filadhu.

[< Tillbaka](#)



Schema för  
Erik Svensson

Vecka 12, 2018



Sagantaatti dabaluuf, kaalandaara keessaa guyaa barbaachisu irratti cuqaasi akkasumas, sa'aatii fiduu fi fudhuu guuti, eenu akka filannootti kan fiduu fi akka filannootti fudhuu barreessi booda qabduu "Uumi" jedhu cuqaasi xumuri.

Yoo sa'aatii walfakkaataa yeroo baay'ee guyyoota baay'eef fayyadamuu barbaadde, "Garagalcha" irratti cuuqaasi. Jalqaba guyaa irraa galalchuu barbaaddu filadhu, booda guyaa itti galagalchuu barbaadu fi qabduu "Itti Aanee" cuuqaasi. Yoo daa'imman baay'ee qabda ta'e, daa'immoota biroofiis sa'aatiwwan walfakkaataa galagalchuu dandeessa. Qabduu "Itti Aanee" ammas cuuqaasuun, sa'aatii guyaa tokkoo gara tokkootti yookiin baay'ee birooti galagalchiiteetaa kan jedhu argatta.

Sa'aatiwwan torbee guutuuf yookiin torbeewwa walitti fufinsaaf galagalchuu ni dandeessa haala walfakkaatuun. Qabduu "Galagalcha" irratti cuuqaasuun "Torbee Guutuu" kan jedhu filadhu. Tartiiba itti aanu keessatti, torbee sa'aatiwwan itti galagalchuu barbaaduu filadhu akkasumas gidduuwwan kam hojii irra oolchuu akka barbaadu.

Kopiera från vecka

Hela veckan Vecka 12 (19/3 - 25/3) >

Måndag (Markerad) 19/3 >

Kopiera till vecka 0/3 >

Vecka 12 Vald vecka 1/3 >

Vecka 13 2/3 > 26/3 - 1/4 > 3/3 >

Med intervall 1/4 >

Varje vecka 1/4 >

Varannan vecka 1/4 >

Var tredje vecka 1/4 >

Var fjärde vecka 1/4 >

Var femte vecka 1/4 >

## Gabaasa Haftee

Yoo daa'imni keessan sababa kamiif iyyuu guyyaa guutuu hafe, dhukkubaan yookiin gadi dhiisuuf, jijjiirrama jiru hanga danda'ame saffisaan gabaasuu barbaachiisa, akka hojjettooni hojiwwan karoorsuu danda'aniif.

Gabaasni haftee kan dalagamuu sagantaa irratti cuqaasuun guyyaa har'aa fi qabduu "gadi dhiisuu" yookiin qabduuwwan "Haftee/Dhukkubaa" fi akkasumas qabduu "Jijjiri" jedhu cuqaasuun xumuri.

Jijjiraan kee kallattiin app Nuddis keessatti ni haaroofama mana barnootaa duraa keessatti garuu gara hojjettoota mana barnootaa duraa geesuu qabda waa'ee ragaa dhimma hafte ilaalchiisse akkamiin akka furamiu isaan waliin dubbachuufi. Gabaasni haftee/dhukkubaa **vooikiin የዳዥስቱን አገልግሎት ተመዝግበዋል**

Ledig	Frånvaro / Sjuk
Närvaro - Tisdag 3/4	
Från	08:00
Till	16:00
Lämnar	
Hämtar	
Dagsinfo till personal	

**ÄNDRA**  
**TA BORT**

## Guyyoota duraan

saganteeffamaniif, ergaa ifaa ta'ee odeeffannoo hojjettoonnii baruu qaban waliin kaa'uu ni dandeessa. Odeeffannoo kana gara dirreetti karaa, "Odeeffannoo Guyyaa Guyyaan Hojeettootaaf" jedhuun galchuu ni dandeessa. Fakkeenyi odeeffannoo barbaachisaa yoo

**HUBADHU!** Faayidaan odeeffannoo akkasi funaanuu, dhukkubni sun daa'imman mana barnootaa sadarkaa duraa keessaa jiranitti akka hin babal'anne daangeessuufi dha. Asitti, waa'ee akkamiin akka too'atamuu qabuu asitti hojjetootatti dubbachuu ni dandeessa.

daa'imni kee dhibee dhukkuba utaaloo garaatin kan hafee yoo ta'ee dha.

## IBSA GABAABDUU

Asitti ibsa gabaabduu salphaa waa'ee sagantaa daa'imma kee guyyoota shanan dhufaniif ilaluu ni dandeesa.

## SEENAA

Asitti istatiiksii hanga fidee fi fuute kan agarsiisu torbeewwan darban shaan keessatti sagantaa karoorfate waliin madaaluun ilaaluun ni dnadeessa.

## SADARKAA BARNOOTAA KOO

Asitti qunnamtiin odeeffannoo kee Nuddis sirrii ta'uu mirkanneessuu dandeessa. Yoo odeeffannoon hafee jiraate, Skolplatsen seenuu odeeffannoo haaroomsuu dandeessa achitti. Isaa booda Nuddis odeeffannoo walfakkaatuun hatattamaan ni haaroomsa.

**Karaa Aandirooyiiddii app Nuddis fayyadamuu**

App.n Andirooyiiddii caancaloota armaan gadii qaba: *Sagantaa fi odeeffannoo*.

## SAGANTAA

Cuunfaan odeeffannoo jalqabaa waa'ee daa'ima keetii  
asitti agarsiifame jira. Sagantaa jijiiruuf yookiin  
ilaaluuf daa'ima filadhu.

Sagantaa dabaluuf, kaalandaara keessaa guyyaa  
barbaachisu irratti cuqaasi, akkasumas sa'aatii fiduu fi  
fudhuu guuti, eenyu akka filannootti kan fiduu fi akka  
filannootti fudhuu barreessi booda  
qabduu "Dabali/Jijjiri" jedhu cuqaasi xumuri.

Sa'aatiwwan torbee guutuuf yookiin torbeewwa  
walitti fufiinsaaf galagalchuu ni dandeessa haala  
walfakkaatuun. Sarara halluu gurraachaa kan  
lakkoofsa torbee agarsiisu irratti cuqaasi, kan akka  
torbee 37 fakkii fakkeenyaa keessatti fi isaa boodaa  
sa'aatiwwan torbeewwan kam akka galagalchuu  
barbaaduu irraa yoo inni daa'imma tokkoo oliif hojii  
irra kan oolu ta'e.


## Gabaasa Haftee

Yoo daa'imni keessan sababa kamiif iyyuu guyyaa  
guutuu hafe, dhukkubaan yookiin gadi dhiisuuf,  
jijiirrama jiru hanga danda'ame saffisaan gabaasuu  
barbaachiisa, akka hojjettooni hojiwwan karoorsuu danda'aniif.

Gabaasni haftee kan dalagamuu sagantaa irratti cuqaasuun guyyaa har'aa fi qabduu "gadi  
dhiisu" yookiin qabduuwwan "Haftee/Dhukkubaa" fi akkasumas qabduu "Jijjiri" jedhu  
cuqaasuun xumuri.

Jijiraan kee kallattiin app Nuddis keessatti ni haaroofama mana barnootaa duraa  
keessatti garuu gara hojjettoota mana barnootaa duraa geesuu qabda waa'ee ragaa  
dhimma hafte ilaachiisee akkamiin akka furamiu issaan waliin dubbachuufi.  
Gabaasni haftee/dhukkubaa yookiin gadi dhiisuu kan dalagamuu qabu, guyyoota  
duraan saganteeffame keessatti ta'uu qaba.

Guyyoota duraan saganteeffamaniif, ergaa ifaa ta'ee odeeffannoo hojjettoonnii baruu qaban  
waliin kaa'uu ni dandeessa. Kun kan dalagamu karaa dirree "yaadotaa" tin. Fakkeenyi  
odeeffannoo barbaachisaa daa'immni keessan dhibee dhukkuba utaalloon kan hafee dha.



**HUBADHU!** Faayidaan odeeffannoo akkasii funaanuu, dhukkubni sun daa'immman mana barnootaa sadarkaa duraa keessaa jiranitti akka hin babal'anne daangeessuufi dha. Asitti, waa'ee akkamiin akka too'atamuu qabuu asitti hojjettootatti dubbachuu ni dandeessa.

## ODEEFFANNOO

Odeeffanno ifaa waa'ee Nuddis asitti argama, akkasumas filannoon hubachiisa ibsuu/dhaamsuu fi keessaa bahuu.

## Gaaffiiwan irra deddeebin gaafataman

**Yoo filannoo BankID argachuu hin qabu ta'e, akkamiin sagantaa dabaluu danda'aa?**

Yoo carraa Bank ID argachuu hin qabdu ta'e, hojjettoota mana barnootaa sadarkaa duraa waliin dubbadhu, kan maal akka gochuu qabdu sitti himuu danda'uti.

**Ani maaliif sagantaawan dabaluu/jijiiruu hin danda'u guyyoota dhufan lamaaniif?**

Hojiwwan karoorsuu danda'uuf, mani barnootaa sadarkaa duraa waa'ee jijiirama sagantaa kee kamuu, yoo xiqaate guyyoota 2 dura beekuu barbaachisa. Yoo sagantaa beeksiisa gabaabaa guyyoota lamaa gadii gochuu barbaaduu, mana barnootaa sadarkaa duraati hojjettoota qunnami.

**Ani akkamin ergaa hojjettootaaf ergu danda'aa?**

Ergaawwan gabaabaan app irratti hafuu danda.u. Erga gara dirree yaadotaatti galchi karaa," Odeeffanno Guyyaa Guyyaan Hojjeettootaaf"(iOS) yookiin "yaadoota" (Andirooyiiddii). Ergaawwan kun hojjettoota mana barnootaa sadarkaa duraa keessaatti dubbii cabaquun suura da'immaatti aane app Nuddis keessatti kan agarsiifamu ta'a.

**Ani haftee/dhibee daa'imma koo karaa app gabaasuu nan danda'aa?**

Eeyyee, ni danda'ama. Hanga danda'ame haftee kamuu beeksiisi hojjettooni hojiwwan karoorsuu akka danda'aniif. "Gadi dhiisuu" yookiin "Haftee/Dhibee" filadhu"Jijiri" cuqaasi.

**Ani yoo seenuu/bahuu daa'imma koo mirkanneessuu irraanfadhe maal gochuun qabaa?**

Hojjettoota qunnami isaan si gargaaru.

**Ani maaliif waa'ee sa'aattiiwan dhabuu daa'imma koo imeeliin na qaqqabaa?**

Sirni kun yaadachiisaa gara imeelii kee erga. Yeroon sagantaa kee darbee guyyaa torbaa dura, sirni sagantaa haaraa galchuuf yeroo isaa akkka gahee yaadachiisuuf imeelii sitti erga. Yoo yaadachiisuuf fudhachuu hin barbaaddu ta'e, fknf. Ayyaanaaf, daa'immni kee aka hafteetti fudhatama sagantaa irratti.

**Odeeffanno waa'ee daa'imma koo hanga yoomitti Nuddis keessa turuu danda'aa?**

Odeeffanno waa'ee daa'ima keetii waggoota 3'f in kaa'ama. Yeroo sanaa booda, odeeffanno irra-deebbiin adda baafama, garuu istaatiksiiif waan fayyaduuf olkaa'ama.

## **Biiroo Barnootaa Qunnami**

Dhimmootni deeggarsaa kan ergamu danda'an karaa:

[support.utbildningskontoret@bollnas.se](mailto:support.utbildningskontoret@bollnas.se) maaloo ibsa ifaa, waa'ee rakkoo sana dhiyyeessaa, yeroo waan tokko umaamu maal gootu, gosa moobaayiilaa yookiin taabileetii maal fayyadamtu yoo inni durumaan kan dalagaa ture ta'eef.